

Odeeffannoo STD

Syphilis (“Syph”, “The Pox”) - Oro

Wurdee

(baakteeriyaa *Treponema Pallidum* jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Sadarkaa 1ffa (wurdee isa jalqabaa)

- Guyyaa quunnamtiirraa eegalee torban 1-12 itti mula'ata
- Madaa dhukkubbii hin qabne naannoo afaanii, qaama saalaa akkasumas hudduurratti mul'ata
- Madaan dhagna dubartii ykn hudduu keessaa torban 1-5 itti "dhokachuu" ni danda'a
- Madaan ni bada garuu dhibeen isaa dhiiga keessa tura

Sadarkaa 2ffaa (wurdee sadarkaa lammataa)

- Madaan erga argamee mul'atni isaa troban 6 hanga baatii ja'aatti tura
- Dhaqna irratti waan akka cittootu baha
- Mul'ata utaalloo fakkaatutu mul'ata

Sadarkaa isa booddee

- Madaan ykn cittoon hin mul'atu, garuu fanxoon ammayyuu dhiiga keessa jira. Onnee, sammuu akkasumas qaama biroo hunda miidhuu ni danda'a (wurdee isa ture)

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Wurdeen haala armaan gadiitiin darba:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagnadubartii
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Quunnamtii saalaa hudduuhaan
- Haadha dhukkubsattuorraa gara daa'ima reef dhalatuutti

XAAXAWWAN/BOODDEE

Wurdeen yoo wal-dhaanamuu baate dhibeewwan armaan gadii fida:

- Dhukkuba onnee
- Ija jaamsuu
- Miiddhaa sammuu

Wurdeen yammuu ulfaa miiddhaa armaan gadii geessisuu ni danda'a:

- Dubartiin ulfi da'ima du'aa da'uu ni dandeessi
- Daa'ima miiddhaa qabu da'uu ni dandeessi
- Miiddhaa sammuu, sombaa, tiruufi qaama dhaqnaa biroo fiduu ni danda'a

ITTISA

Odeeffannoo haala daddarbiinsa wurdee hir'isuuf fayyadan:

- Madaan naannoo dhagna dubartiitti kan *latex kondomiitiin* aguugamanitti dhalachuu ni

danda'a. Akkasumas naannoo hin aguugamni ykn hin ittisamnetti dhalachuu ni danda'a. *Latex kondomiin* yoo sirriitti maa'ii itti ba'ame carraa wurdeen daddarbuuf qabu hir'isuu ni danda'a.

- Quunnamtii saalaa hudduudhaan ykn dhagna dubartiin yammuu gootu yeroo hundaa *latex koondomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin meeshaa dhiiraa luuguun yoo goote *latex kondomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa dhagna dubartii arraabuun ykn karaa hudduu yoo goote ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn koondomii lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xinneeessi
- Dhibee kan qabaachuufi dhiisuu kee dooktoroora ykn dhiyeessitoota fayyaa biroorraa xiinxala godhaddhu
- Yoo qabamte namoota quunnamtii foonii waliin gootu hunda beeksisi
- Namootni ati quunnamtii saalaa waliin gootu ilaalamuu fi waldhaanamuu isaanii mirkaneessi

DAWAA/YAALA

Dawaa Wurdee:

- Dawaa dooktora biraa fudhatamuun wurdeen ni fayyaa
- Namootni sii wajjin quunnamtii saalaa qabanis yaalamuu qabu

HUBADDHU: Nammi erga yaalamee fayyee boode deebisee qabamuu ni danda'a

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAME:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section

Minnesota Department of Health

P.O. Box 64975

St. Paul, MN 55164-0975

(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa

(Minnesota Family Planning and STD Hotline)

1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)

www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,

STD tiifi AIDS

(CDC National STD and AIDS Hotlines)

1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; www.cdc.gov

Odeeffannoo STD

STD Summary - Oro

STD Gabaabinaan

AASXESSA FIMUL'ATA

Yoo mul'ata armaan gadii kana qabaatte kiliinika dhaqii dooktoran mariiyaddhu

Dubartii:

- Dhangala'i foolii qabu qaama kee keessaa yoo bahe
- Dhagni dubartii kee yoo si gube, yoo si hooksiise
- Dhiiga adafii'n ala ta'e karaa dhagna kee yoo si bahe
- Yammuu dhiiraa wajjin ciistu nannoo dhagna keetii si dhukkuba yoo ta'e
- Naannoo dhagna keetii dhukkubbii walirraa hin citne yoo sitti dhagaa'ame

Dhiira:

- Malaa ykn dhangala'a biroo meeshaa kee keessaa yo bahe

Dubartirrattis Dhiirarrattis:

- Madaa naannoo qaama saala, afaan ykn hudduu
- Guba ykn dhukkubbi yammuu fincaanamu ykn sagaraa taa'amu
- Mul'ata utaalloo fakkaatu, dhaqna gubaa, qorrisiisaa akkasumas dhukkubbi
- Dhiita (gudeedduu keessaa)

Yaadadhu:

- STD baayyeen mul'ata hin qabani
- Yeroo biroo immoo mul'atni isaa ni bada STD n garuu achuma tura
- Namootni tokkoo tokko yoo dooktorri isaanii dhiiga fuudhee ilaale achumaanis STD ni ilaala jedhanii amanu. Haa ta'u malee kun sirrii miti. Yoo shakkii STD qabaachuu qabaatte dooktora ifaatti itti himi
- Xiinxalli gadameessaa dubartiiratti yammuu godhamu STD mul'achuu dhiisuu ni danda'a. Namootni dhirris dubartiinis shakkii yoo qabaatan dooktora isaanii himuu qabu

HAALA DADDARBIINSA ISAA

STD baayyee haala armaan gadiitiin daddarbu:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartiidhaan
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Quunnamtii saalaa hudduudhaan
- Lilmooshii hashiidhaaf, qaama uruudhaa fi tumaadhaaf wal-harkaa fuudhanii fayyadamuu
- Haadha dhibamtuurraa gara daa'ima reef dhalatteetti

XAAXAWWAN/BOODDEE

Yoo osoo hin yaalamin hafe STDn waan armaan gadii fiduu danda'a:

- Cimuu fi baayyee dhukkuubsaa ta'uu danda'a
- Qaama dhaqnaatti miidhaa dhaabbataa fida
- Dubartiinis dhiiris ijoollee dhabuu danda'u
- Namoota si waliin quunnamtii saalaa godhan hundatti dadde
- Daa'ima reefuu dhalatte miidhuu ni danda'a. dhibee cimaa ykn du'a itti fiiduu ni danda'a
- Dhukkuba onnee, ija jaaminsa, garaa ciniinnaa akkasumas miidhaa sammuu ykn du'a ni fida

ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa STD xiqqeessuuf fayyadan:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartii, afaaniin ykn hudduudhaan gochuu dhiisuun ittisa isa gaarii dha

- *Latex kondomiitti* sirriitti maa'ii itti yoo ba'ame daddarbiinsa HIV ittisuuf baayyee fayyada. Akkasumas *kondomiitti* sirriitti fayyadamuun daddarbiinsa STD ni xiqqeessa
- Madaan naannoo qaama saalaatti dhalatuu fi HIV'n naannoo latex *kondomiidhaan* aguugametti dhalachuu ni danda'u. Naannoo hin aguugamnettis ykn hin ittisamnettis dhalachuu danda'u. *Latex kondomiin* yoo sirriitti itti maa'ii bahame daddarbiinsa dhibee *genital herpes*, wurdee, Murmuraa fi HIV xiqqeessuu ni danda'a. Dabalataanis *latex kondomiitti* fayyadamuun HIV waliin wal-qabatanii dhibee wwan jiran waan akka golfaa (cancer) gadameessaa hir'isuuf ni fayyada
- Quunnamtii saalaa afaaniin qaama dhiiraa luugde yoo goote *latex kondomiitti* fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin dhagna dubartii arraabdee ykn karaa hudduu hojjetee ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaani ykn kondomiitti lamatti kutiiti)
- Nammi ati quunnamtii saalaa waliin gootu STD hin qabu yoo siin jette/dhe illee *kondomiitti* fayyadami (namootni baayyeen seenaa saala isaanii hin beekani ykn immo mul'inaan namaa waliin hin haasa'ani)
- Nama STD qaba jedhamee shakkamu wajjin tasumaa quunnamtii saalaa hin godhin
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xinneessi
- STD dhaan qabameera jettee kan shakkitu yoo taate dooktora ykn kiliinika kee bira dafii deemiiti ilaalamii
- Yoo STD qabaachuu kee barte nama waliin quunnamtii saalaa gootutti dafii himi
- Namootni sii wajjin quunnamtii saalaa godhanis akka ilaalaman fi akka dawaa fudhatan gorsiin
- Yoo ati nama quunnamtii saalaa sirriiti godhu taate waggaa al-tokko ykn waggaa al-lama xiinxala STD godhaddhu
- Yoo *kondomiin* dhiiraa argamuu baate *koondomiin* dubartii inni qaama ishee keessa galu dhukkuba saalaa ittisuu ni danda'a

DAWAA/YAALA

Yoo STD itti saaxilamteetta ta'e:

- Dooktora ykn dhiyeessaa meedikaalaa bira xiinxalaa fi dawaa dhaaf dhaqi
- STD hedduun qoricha *antibiotics* jedhamuun fi dawaa biroodhaan waan badaniif yaalami
- Manatti ofii keetiin dawaa hin fudhatin (ajaja dooktoraa malee)

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY; www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa); www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC, STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; www.cdc.gov

Odeeffannoo STD

Pubic Lice ("Crabs") and Scabies - Oro

Silmii Torbaanqabaa riffensa nannoo qaama saalaa keessa jiraatu fi Cittoon nannoo qaamaa saalaatti dhalatu

(torbaanqabaan kun *Phthirus pubis* waan jedhamuu yammuu dhufu cittoon sun immoo silmii *Sarcoptes scabiei* jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'ata Cittoon fi silmii torbaanqabaa nannaoo qaamaa saalaa:

- Hedduu hooqisaa
- Al tokkoo tokko cittoon kun naannoo qaamaa isa rifeensa qabuutti ni mul'ata

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Cittoon naannoo qaama saalaa haala armaan gadiitiin daddarba:

- Quunnamtii saalaatiin
- Qaamaan walitti bubbu'uudhaan
- Fookaa, mana fincaanii ykn uccuu irribaa lakkafameen

XAAXAWWAN/BOODDEE

Yoo utuu hin wal-dhaanamin hafe cittoon kun:

- Rifeensaa naannoo qaama salaarra bakka rifeensa qaamaa birootti daddarba
- Cittoon isaa immoo gara matiitti ni daddarba

ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa torbaanqabaa fi cittoon xiqqeessuuf fayyadan:

- Yoo qabamuu kee shakkite dooktora bira ykn dhiyeessitoota meedikaalaa bira dhaqiiti ilaalami
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin gootu xiqqeessi
- Yoo qabamte, nama quunnamtii saalaa sii waliin godhu beeksisi
- Namootni quunnamtii saalaa waliin godhanii dhibee kanaan qabaman hundi waldhaanamuu qabu
- Nama dhibee kanaan qabame waliin fookaa, uccuu akkasumas siree hin hirmaatin

DAWAA/YAALA

Dawaa Cittoon fi silmii Torbaanqabaa:

- Dawaa dooktora biraa ajajamuun ajjeefamuu ni danda'a
- Uccuu hundumaa fi uffata siree bishaan danfisii miicci
- Meeshaa mana keessaa qulqulleessi
- Namoota waliin quunnamtii saalaa godhan hunda wal-faana waldhaani

HUBADDHU: Nammi al-tokko qabamee erga fayye booda deebisee qabamuu ni danda'a.

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY
www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY
(651) 645-9360 (Magaalaa)
www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,
STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY
www.cdc.gov

Odeeffannoo STD

Nongonococcal Urethritis (NGU) - Oro

Dhukkuba Daandii Fincaanii (jarmii cabxoo utuu hin dabalatin jarmii addaddattiin dhufa)

AASSXESSA FI MUL'ATA

Mul'ata NGU:

- Quunnamtii booda torban 1-3 itti mul'ata
- Dubartootni heduun ykn dhiirotni baayyeen mul'ata kana hin qabani
- Malaa qulqulluu, keelloo ykn adiitu meeshaa dubartii keessaa ba'a
- Dhagna dubartii keessaa dhangala'atu baha ykn ni guba
- Yammuu fincaan fincaa'amu ni guba ykn ni dhukkuba

HAALA DADDARBIINSA ISAA

NGU' n haala armaan gadiitiin daddarba:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartii
- Quunnamtii saalaakaraa afaaniin
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu

XAAXAWWAN/BOODDEE

NGU' n osoo hin waldhaanamin yoo hafe:

- Dhibee cimaa kan biraatti ni geessa
- Qaamnii ittiin wal-horan miidhamuu danda'a
- Dubbartiinis dhiirris dhaboo ta'uu ni danda'u
- Namoota quunnamtii saalaa waliin gootu birootti daddarbuu ni danda'a

Ulfaa'uu fi NGU:

- Haati dhibamtuun jarmii isee daa'ima reef dhlatutti dabarsuu ni dandeessi
- Mucaan dhibee kanaan qabame dhibee ijaa ykn namoonyaa godhachuu ni danda'a

ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa NGU xiqqeessuuf fayyadan:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartii fi karaa hudduu yoo goote *latex kondomiin* itti sirriitti fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin meeshaa dhiiraa luuguun yoo goote *latex kondomii* fayyadami

- Quunnamtii saalaa dhagna dubartii arraabuun ykn karaa hudduu yoo goote ittisa *latex* ykn laastika wa'ii fayyadami (ittisa ilkaanii ykn *kondomii* bakka lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota waliin quunnamtii saalaa gootu xiqqeessi
- Yoo dhibee kanaan qabamuu kee shakkite dooktora ykn dhiyeessitoota fayyaa biroo bira dhaqiiti ilaalami (xiinxalami)
- Qabamuu kee namoota quunnamtii saalaa waliin gootu birootti dafii himi
- Namootni ati quunnamtii saalaa waliin gootu ilaalamuu fi waldhaadhamuu isaanii mirkaneessi

DAWAA/YAALA

Yaala NGU:

- Dawaa dooktora biraa fudhatamuun NGU n fayyuu ni danda'a
- Namootni quunnamtii saalaa waliin godhan wal-faana waldhaanamuu qabu

HUBADDU: Nammi al-tokko qabamee eerga yaalame booda deebisee qabamu ni danda'a.

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESSOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 651-5797 TTY: www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)
www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,
STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; www.cdc.gov

Odeeffannoo STD

Genital Warts/HPV - Oro

Biqiltuwwan Dhagna-dubartii (vayirasa human papillomavirus - HPV jedhamuun namatti dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'ata Biqiltuwwan Dhagna-dubartii:

- Quunnamtii booda baatii 1-6 itti mul'ata
- Dhiitoo laaftuu nannoo qaama saalaatii fi hudduurratti
- Qaama saalaa gubuu ykn hooqsisuu
- Biqiltuwwan kun dhagna-dubartii ykn hudduu keessa ni dhokatu
- Biqiltuwwan kun dawaa malee hin badani
- Biqiltuwwan kun dawaadhaan ni badu, dhibeen vayirasiidhan dhalate kun ni tura

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Biqiltuwwan dhagna-dubartii kan namatti daddarban:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna-dubartiidhaan
- Quunnamtii saalaa afaaniin luuguu/arraabuu
- Quunnamtii saalaa hudduudhaan
- Nama biqiltuwwan dhagna-dubartii qabu tuquudhaan
- Haadha dhukkubduurraa gara daa'ima reef dhalatteetti darbuudhaan
- Biqiltuwwan kun yoo hin mulatnellee naannoo *kondomiidhaan* hin aguugamneen alatti namarraa namatti ni darbu

XAAXAWWAN/BOODDEE

Biqiltuwwan dhagna-dubartii yoo hin yaalamne:

- Daa'ima reef dhalattutti darbanii qoonqoo isaanii keessatti biqiluu ni danda'u
- Namoota ati quunnamtii saalaa waliin gootu birootti ni darbu

Vaayiresootni tokkoo tokko gara *Pap test* ballessuutti balaa dhukkuba golfaa (cancer) gadameessaa ykn meeshaa dhiiraa dabaluu adeemu. Isaan kun garuu bibbiqiltuu mul'atu hin uumani. Dubartiin quunnamtii saalaa gochuu baayyistu *pap testii* waggaatti gochuu qabdi.

Ogeessi fayyaa qorannoo addaa gochuudhaan biqiltuu golfaa taatuu addaan baasuu qaba.

ITTISA

Odeeffannoo Daddarbiinsa Bibbiqiltuun Dhagna-dubartii xiqqeessuuf gargaaran:

- Madaan dhagna-dubartii ykn dhibeen HPV nannoo *latex kondomiidhaan* aguugamanitti dhalachuu ni danda'u. Akkasumas nannoo hin aguugamnetti dhalachuu ni danda'u. *Latex kondomiin* kun yoo sirritti itti ma'yee ba'ame balaa dhibee HPV hir'isuu ni danda'u. Dabalates *kondoma* kana fayyadamuu

balaa golfaa gadameessaa hir'isuu waliin wal-qabatee jira

- Quunnamtii saalaa taa'aadhaan ykn dhagna-dubartiin yammuu gootu yeroo hundaa *latex kondomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin luuguun yoo goote *latex kondomii* fayyadami
- Yoo quunnamtii saalaa dhagna dubartii araabuun ykn karaa hudduu goote ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn *kondomii* bakka lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xinneessi
- Yoo qabamuu kee shakkite dooktorra bira ykn dhiyeessitoota fayyaa biroo bira dhaqiiti laalami

DAWAA/YAALA

Dawaa/Yaala bibbiqiltuu dhagna-dubartii/HPV:

- Bibbiqiltuun dawaa qabaachuu ni malti HPVn garuu hin fayyuu
- Yaala dooktoraa barbaada
- Dawaa ajaja dooktoraa ala ofii keetii bittutti yoo bibbiqiltuu dhagna-dubartiif fayyadamte si miidhuu ni malu
- HPV bibbiqituu dhagna-dubartii warra mul'atu fidu balaa golfaa dabaluu hin qabani

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section

Minnesota Department of Health

P.O. Box 64975

St. Paul, MN 55164-0975

(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY

www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)

1-800-783-2287 Sagalee/TTY

www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,
STD tiifi AIDS

(CDC National STD and AIDS Hotlines)

1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY

www.cdc.gov

Kutaa Fayyaa Minnesota Department of Health, STD and HIV Section - Amajjii 2006

Odeeffannoo STD

HIV Infection and AIDS - Oro

Dhibee HIV ykn AIDS (vayirasa human immunodeficiency ykn HIV jedhamuun dhufa)

AASXESA FI MUL'ATA

Mul'ata/ AIDS:

(Torbee fi baatiwwan) Jalqabaarratti

- Dhukkuba utaalloo fakkaatu
- Dhiita miciree dhaqna keessaa

(Waggoota itti aananitti) Booddee

- Dhaqna gubaa walirraa hin citne
- Dafqa galgalaa
- Garaa kaasaa yeroo hedduu turu
- Sababa malee huuqachuu
- Dhiita bildiimaa gogaa, afaan ykn funyaanirratti
- Dhaddabbii cimaa
- Dhiita miciree dhaqna keessaa
- Dhibee daandii qilleensaa kan deddeebi'ee dhufu

Hubaddhu: Mul'atni kun mul'ata HIV qofaa miti. Sababa biroos ni qabaata. Namootni hedduun HIV qaban mul'ata dhukkuba kanaa waggaa baayyeedhaaf hin agarsiisani.

HAALA DADDARBIINSA ISAA

HIV namarraa namatti kana darbu:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartiitiin
- Quunnamtii saalaa karaa afaaniin
- Quunnamtii saalaa karaa hudduutiin.
- Lilmee ittiin hashiishii fudhatan, qaamaa uratan ykn tumaah godhatan wal harkaa fuudhuudhaan
- Dhiiga *vayirasa* kanaan qabame (yeroo xiqoo dhalata)
- Haadha dhibamtuurraa gara da'ima reef dhalateetti

HIV haala armaan gadiitti tarreeffamaniin hin daddarbu:

- Harka wal-qabuudhaan
- Wal-dhungachuudhaan
- Xofoleedhaan
- Bineensarraa
- Wal-haammachuudhaan
- Bakka daakaa itti daakanitti
- Teessoo mana fincaaniitii
- Nyaaadhaan
- Saphaphuudhaan
- Qufaadhaan

XAXAWWAN/BOODDEE

Duubee AIDS:

- Yeroo amma kana dawaan isa fayyisu hin jiru. Namootni hedduun dhumarratti dhukkuba kanaan hinuma du'u (namootni hedduun erga qabamanii waggaa 10 jiraatu)
- Namootni quunnamtii saalaa waliin qabaniifi namootni lilmoo wal harkaa fuudhani fayyadamuutti daddarba

Ulfaa'uu fi HIV/AIDS:

- HIVn haadharra mucaa dhalattuutti yammuu ulfaa ykn yammuu dhalootaa ni darba
- Haati dhibee kana qabdu daa'ima ishee harma hosisuudhaan dabarsitu (yeroo xiqoo dhalata)

ITTISA

Odeeffannoo Daddarbiinsa HIV xiqqeessuuf fayyadan:

- *Latex kondomiin* yoo sirriitti maa'ii itti ba'ame daddarbiinsa HIV ittisuuf hedduu fayyada.
- Quunnamtii saalaa hudduudhaan ykn karaa dhagna dubartii yoo gootee yeroo hundaa *latex kondomiin* fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin qaama dhiiraa luuguun yoo gootee *latex kondomiin* fayyadami
- Quunnamtii saalaa dhagna dubartii arraabuun ykn karaa hudduu yoo gootee ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn kondomiin lamatti kutiiti)
- Alkoolii ykn hashiishii fayyadamuu xiqqeessi ykn dhaabi
- Lilmoo hashiishii, jirbii ykn ho'isaa hin hirmaatin
- Tumaa fi qaama urachuuf lilmoo hin hirmaatin
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xiqqeessi
- HIV qabachuuf dhiisuu kee gama dooktora, kiliinka STD tiin ykn bakka qorannoof gorsa HIV itti argachuu ni dandeessa
- Yoo HIV dhaan qabante namoota quunnamtii saalaa waliin gootu ykn namoota lilmoo waliin hirmaattu hatattamaan beeksisi

DAWAA/YAALA

Dawaa HIV/AIDS:

- HIV/AIDS dawaan fayyisu hin jiru
- Dafanii baranii yaalamuun umrii dheeressuu ni danda'a
- Haalli ittisa qaamaa akka hojiisaa itti fufuuf dawaan jira
- AIDS waliin qabatanii dhibee dhufan wal-dhaanuuf dawaan jira
- Dhibeen kun mucaa garaa keessa jirtutti darbuuf carraa inn qabu xiqqeessuudhaaf dubartii ulfaatiif dawaan jira
- Dawaa harawaan hojjechuuf dhiisuu isaa qorachuuf xinxala dawaa

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESSO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY; www.health.state.mn.us

Projektii AIDS Minnesota itti Daandii AIDS
(Minnesota AIDS Project AIDSLINE)
(612) 373-AIDS (Magaalaa)
1-800-248-AIDS (Mootummaa)
(612) 373-2465 TTY (Magaalaa)
1-888-820-2437 TTY (Mootummaa)
www.mnidsproject.org

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC, STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; www.cdc.gov

Odeeffannoo STD

Herpes - Oro

Dhiitoo xixiqqoo bishaan baattu (herpes simplex HSV 1 and 2 vaayirasa jedhamuun dhufa)

ASXAA FI MUL'ATA

Mul'ata dhiitoo dhagna dubartii:

- Guyyaa quunnamtiiirraa eegalee guyyaa 2-30 itti mul'ata
- Dhiitoo xixiqqoo bishaaniin guutama naannoo qaamaa saalaatti ykn afaan keessatti dhalatu
- Dhiitotni kun gara madaa banaatti jijjiiramanii torban 1 hanga 2 itti fayyu
- Dhiitotni kun dhagna dubartii keessa ni dhokatu
- Mul'atni inni jalqabaa cimaa inni itti aanu giddu galeessa ta'a
- Nannoo dhiitowwan kun itti biqiluuf jedherratti hooksisa ykn gabatu dhagaa'ama
- Dhibeen jalqabaa dhaqana ho'a, mataa bowwuu ykn dhiita dhaqna keessaa waliin dhufa
- Dhiitowwan kun ni badu. Garuu dhibeen isaanii dhaqna keessa tura
- Dhiitowwan kun yeroodhaa yerootti ni deddebi'u, garuu yeroo gabaabaadhaafi

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Dhiitoo dhagna dubartiirraa namatti kan darbu:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartii
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu
- Nama dhibee kan qabu tuquudhaan
- Haadha dhukkubsturra daa'ima dhalatutti
- Yoo dhiitoo hin mulatnellee *vaairsiin* sun ni daddarba. Kanaafuu dhiitoo utuu hin jiraatinillee namarra namatti daddarbuu ni danda'a

XAAWAWAN/BOODDEE

Dhiitoo dhagna dubartii:

- Dhiibee biroo akka HIV waliin shanyi STD lixu
- Balaa dhukkuba qabu kan deddeebi'ee dhufu ni fida

Dhiitoo Dhagna dubartii fi ulfaa'uu:

- Daa'imti reefuu dhalatte haadha dhibamtuu irraa ni argatti
- Dhibeen kun daa'ima reef dhalatteratti dhibee cimaa sammuu kan sombaa fi kan tiruu fiduu ni danda'a
- Haadholeen ulfi kan dhiitoo dhagna dubartii qaban yeroo hedduu daa'ima fayyaa da'u
- Daa'imoota haadha dhiitoo dhagna dubartii (yeroo jalqabaatiif) yammuu ulfa turte argatteratti balaan ni cima

ITTISA

Odeeffannoo dhiitoo dhagna dubartii akka namarra namatti hin dabarre ittisuuf ykn hir'isuuf:

- Madaan naannoo dhagna dubartii kan *latex kondoomiidhaan* aguugaman irratti dhalchuu ni

danda'a. Akkasumas naannoowwan hin aguugamne ykn hin ittifamnerratti dhalachuu danda'a. Yoo *latex kondoomii* sirriitti itti ma'ii ba'ame dhibee dhiitoo dhagna dubartiirraa nama ittisa

- Quunnamtii saalaa hudduudhaan ykn dhagna dubartii yammuu gootu yeroo hundaa *latex kondoomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin meeshaa dhiiraa luuguun yoo goote *latex kondoomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa dhagna dubartii arraabuun ykn karaa hudduu hojjetu ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn *kondoomii* lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xinneessi
- Dooktora keerra ykn dhiyeessitoota fayyaa biroorraa xiinxala dhiitoo dhagna dubartii godhaddhu
- Yoo qabante namoota quunnamtii saalaa waliin gootu hunda beeksisi
- Yoo ulfa taate, kanaan dura dhiitoo dhagna dubartii qabamteetta yoo ta'e doktoratti himi
- Yammu madaan sun jiru nama dhiitoo dhagna dubartii qabuu wajjin quunnamtii saalaa hin godhin

DAWAA/YAALA

Dawaa dhiitoo dhagna dubartii:

- Fayyisuun hin danda'amu; dhibeen kun umrii guutu namaa waliin jiraata
- Dawaa *vaayirasa* balleessu fudhachuudhaan dhiitoo akka deddeebi'ee hin mul'atne gochuun ni danda'ama
- Isa deddeebi'ee dhufu yaaluun yeroo dhukkubaa sana hin gabaabsu waan ta'ef yeroo hedduu hin ajajamu
- Yammuu inni deddeebi'ee dhalatu haala mijaa'inaa safaruun ni danda'ama

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESSOO ARMAAN GADIITIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section

Minnesota Department of Health

P.O. Box 64975

St. Paul, MN 55164-0975

(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY; www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa

(Minnesota Family Planning and STD Hotline)

1-800-783-2287 Sagalee/TTY; www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,

STD tiifi AIDS

(CDC National STD and AIDS Hotlines)

1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; www.cdc.gov

Daandii dhiitoo muxxee ASHA kan guutummaa buyyaa

(ASHA National Herpes Hotline)

1-919-361-8488; www.ashastd.org

Odeefannoo STD

Hepatitis: Type B - Oro

Dhukkuba Tiruu: Sanyii B (vaayirasa hepatitis B jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'ata dhukkuba tiruu B:

- Quunnamtii booda guyyaa 45-180 itti jalqaba
- Mul'ata sanyii dhukkuba tiruu A qaba
- Dhukkuba foonii fi bakka qaamni itti wal-arguu

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Dhukkubni tiruu B haala armaan gadiitiin namarraa namatti daddarba:

- Quunnamtii saalaa dhagna dubartiitiin
- Quunnamtii saalaa karaa hudduutiin
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Lilme hashiishiif qaama huruuf akkasumas dhagna tumuuf wal harkaa fuudhanii itti fayyadamuutiin.
- Haadha dhukkubsattuorraa daa'ima reef dhalattetti
- Waan dhuunfaatti fayyadaman waan akka (maqasii, burushii ilkaanii, qeensa muraa akkasumas lootii) wal-harkaa fuffuudhanii itti fayyadamuu

XAAXAWWAN/ BOODDEE

Dhukkuba tiruu B:

- Dhukkuba tiruu isa gadheetti geessa. Kunis cirrosis, golfaa (*cancer*) tiruu akkasumas du'a fida
- Haatii dhibamte *vaayirasicha* mucaa reef dhalatetti dabarsiti
- Mucaan kanaan qabame baataa *vayirasichaa* ni ta'a
- Namootni *vaayirasicha* baatan immoo dhukkubicha ni daddabarsu
- Namootni 1% gadi ta'an akkuma dhukkubichi jalqabeen du'u

ITTISA

Odeefannoo haala daddarbiinsa dhukkuba Tiruu B xiqqeessuuf fayyadan:

- Lilmoo hashiishii, kan tumaa akkasumas kan gurra ittiin huran namootarraa fuudhanii itti fayyadamuu dhiisuu
- *Latex kondomiin* yoo sirritti itti maa'yee ba'ame daddarbiinsa dhukkuba tiruu B xiqqeessuu ni danda'a
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu ykn karaa dhagna dubartii yammuu gootu yeroo hundaa *latex koondomii* fayyadami

- Quunnamtii saalaa meeshaa dhiiraa afaaniin luuguun yoo goote *latex kondomii* fayyadami
- Quunnamtii foonii afaaniin dhagna dubartii ykn hudduu araabuun yoo goote ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn koondomii lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xiqqeessi
- Meeshaa dhunfaatti itti fayyadamtu akka maqasii nama waliin itti hin fayyadamin
- Yoo haadha dhukkubdurraa daa'immi dhalatte lilmee ittisaa mucattii waraansisi
- Lilmoon ittisaa dhukkuba tiruu B'n daa'ima hundaaf, nam-guddaadhaaf akkasuma namoota quunnamtii saalaa godhan hundaaf barbaachisaa dha

DAWAA/ YAALA

Haala quunnamtii dhukkuba Tiruu B ittii geggeessitu:

- Lilmeen *immune globulin* dhukkuba tiruu B jedhamu quunnamtii dhiigaa gootee guyyaa 7 keessatti ykn quunnamtii saalaa gootee guyyaa 14 keessatti ni kennama. Lilmeen ittisaas barbaachisaa dha

ODEEFFANNOO KANARRA YOO BARBAADDE TEESSO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY; www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)
www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,
STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348
www.cdc.gov

Daandii CDC dhukkuba Tiruu
(CDC Hepatitis Hotline)
1-888-443-7232; www.cdc.gov/ncidod/diseases/hepatitis

Odeeffannoo STD

Hepatitis: Type A - Oro

Dhukkuba Tiruu: Sanyii A (vaayirasa hepatitis jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'ata dhukkuba tiruu A:

- Quunnamtii booda guyyaa 15-50 itti mul'ata
- Dhaqna gubaa
- Fedhii nyaataa balleessa
- Gaggalagala garaa
- Bifti ijaa fi gogaa keelloo ta'a
- Fincaani gurracha ykn sagaraa adii
- Lollocaa fi balaqamsiisaa
- Daddhabbi

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Dhukkubi Tiruu A namarraa namatti kan daddarbu:

- Afaanii afaanitti (daddarbiinsa nyaatarratti hundaa'e)
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Quunnamtii saalaa qubaan karaa taa'aa

XAAXAWWAN/BOODDEE

Dhukkubi Tiruu A n:

- Yeroo hedduu dhukkuba tiruu yeroo dheeraadhaaf hin fidu. Gara du'aattis nama hin geessu
- Nammi dhukkuba kana yeroo dheeraadhaaf hin baatu
- Dhukkubichan qabamuun haala dhaqnaa dhibee sana ofirraa ittisu godhachuudhaan deebi'anii qabamuu ittisa

ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa dhukkuba Tiruu A xiqqeessuuf fayyadan:

- Mana fincaanii eerga lixxee booda harka kee dhiqaddhu
- Quunnamtii saalaa afaaniin, hudduudhaan qubaan hin godhin
- Lilmee ittisaa fudhaddhu
- Lilmeen *Immune globulin* jedhamu quunnamtii booda guyyaa 14 keessatti kennamuu qaba

DAWAA/YAALA

Haala Dhukkuba Tiruu A ittiin geggeessitu:

- Dhibee ho'aa tiruu fayyisuuf dawaan hin jiru

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY; www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)
www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,
STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; www.cdc.gov

Daandii CDC dhukkuba Tiruu
(CDC Hepatitis Hotline)
1-919-443-7232; www.cdc.gov/ncidod/diseases/hepatitis

Odeeffannoo STD

Gonorrhea ("Clap") - Oro

Cabxoo

(baakteeriyaa *Neisseria gonorrhoea* jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'ata Cabxoo:

- Quunnamtii booda guyyaa 2-7 itti jalqaba
- Dubbartiitti hin hammatu ykn hin mul'atu

Mul'ata Cabxoo Dubartiirratti:

- Dhiga ykn dhangala'aa biroo qaama ishee keessaa haalaan baha ykn ni hooqsisa
- Yammuu fincuufu ykn bakkee baatu ni dhukkuba ykn fincaan gubaa
- Dhukkubbiin yeroo kaanirra yammuu dhiigni itti jiru itti cima
- Ciniinnaa ykn dhukkubbii garaa gara gajjallaa
- Hooqsisa ykn dhangala'aa karaa hudduu.

Mul'ata Cabxoo dhiirarratti:

- Dhangala'aa furdaa bifa keelloo qabu (malaa) tu waan dhiiraa isaa keessaa gadi yaa'a.
- Yammuu finca'u ykn gara bakkee bahu ni guba ykn ni dhukkuba
- Dhangala'aa ykn hooqsisa hudduu

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Cabxoon haala armaan gadiitiin daddarba:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartiin
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu
- Haadha dhibamtuurraa gara daa'ima reef dhalatteettii ni darba

XAAXAWWAN/ BOODDEE

Cabxoon yoo hin waldhaanamne:

- Dhukkuba cimaa muddhii gadii fida
- Dubartiin gadameessa alatti (*tubal pregnancy*) ulfaa'uu dandeessi
- Dubartiinis dhiirris akka akka dhala dhabu
- Buusaa buusaatti (*joints*) dhibeen ni dhalatti
- Namoota biroo quunnamtii saalaa waliin gootutti darba

Cabxoodhaa fi Ulfaa'uu:

- Haadha dhibamtuurraa gara da'ima reef dhalatteetti darbuu ni mala
- Daa'ima reef dhalattetti ija dhukkubbii cimaa fiduu ni danda'a
- Qaama biraa dhukkubsuu ni danda'a

ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa cabxoo xiqqeessuuf ykn hir'isuuf fayyadan:

- *Latex kondomiin* yoo sirriitti itti maa'ii ba'ame daddarbiinsa cabxoo xiqqeessuu ni danda'a
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu ykn karaa dhagna dubartii yammuu gootu yeroo hundaa *latex kondomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin waan dhiiraa luuguun yoo goote *latex kondomii* fayyadami
- Yoo quunnamtii saalaa afaaniin dhagna dubartii arraabuun goote ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn kondomii lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xiqqeessi
- Yoo qabamte namoota quunnamtii saalaa waliin goote hunda dafii beeksisi
- Namootni quunnamtii saalaa waliin godhan waliin yaalamuu qabu

DAWAA/ YAALA

Dawaa Cabxoo:

- Dawaa Dooktoraan ajajamuun ni fayya
- Quunnamtii saalaa warri waliin godhan wal-faana yaalamuu qabu

HUBADDHU: Nammi dhukkuba kanaan qabame fayye deebisee qabamuu ni danda'a.

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY; www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)
www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,
STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; www.cdc.gov

Odeeffnnoo STD

Chlamydia - Oro

Dhukkuba Chlamydia (baakteeriyaa *Chlamydia trachomatis* jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'atni *Chlamydia*:

- Quunnamtii booda guyyaa 7-21 itti eegala
- Namooti hedduun mul'ata hin qabani

Mul'ata *Chlamydia* Dubartootarratti:

- Dhangala'aan ykn dhiigii dhagna dubartii keessaa baha
- Yammuu fincaan fincooftu ni guba ykn ni dhukkuba
- Dhukkubbii garaa dha gadii
- Dhukkubbii hudduu

Mul'ata *Chlamydia* Dhiirarratti:

- Dhangala'aa akka bishaanii furdaa isaatu meeshaa dhiiraa keessaa ba'a
- Yammuu fincaan'an ni guba ykn ni dhukkuba
- Dhukkuba hudduu

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Chlamydia 'n haala armaan gadiitiin daddarba:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartii
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu

XAAXAWWAN/BOODDEE

Yoo waldhaanamuu baate *Chlamydia*'n:

- Gara ulfaa'uu gadameessa alaa (*tubal pregnancy*) itti nama geessa
- Gara dhukkuba cimaa kan nannoo qaama saalaatti geessa
- Dhiira ykn namoota dhaboo godha
- Nama quunnamtii saalaa ittiin gootu birootti darba

Ulfaa'uu fi *Chlamydia*:

- Haadha dhukkubsattuuraara gara daa'ima reef dhalattutti ni darba. Dhibee ijaa fi namoonyaas daa'imatti ni fida
- Osoo hin gahin mucaa da'uu ykn mucaa xiqoo da'uu fiduu ni danda'a

ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa *Chlamydia* xiqqeessuuf fayyadan:

- *Latex kondomiin* yoo sirriitti itti maa'ii ba'ame daddarbiinsa *Chlamydia* xiqqeessuu ni danda'a

- Quunnamtii saalaa hudduudhaan ykn karaa dhagna dubartii yammuu gootu *latex kondomiin* fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin meeshaa dhiiraa luuguun yoo goote *latex kondomiin* fayyadami
- Quunnamtii saalaa dhagna dubartii yookaan hudduu arraabuun yoo goote ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn *kondomiin* bakka lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xiqqeessi
- Yoo qabamuu kee shakkite dooktora bira ykn dhiyeessitoota *meedikaalaa* biroo bira dhaqiitii ilaalami
- Yoo qabamte namoota quunnamtii foonii waliin gootu hunda beeksisi
- Namootni ati quunnamtii saalaa waliin gootu ilaalammu fi waldhaanamuu isaanii mirkaneessi

DAWAA/YAALA

Dawaa *Chlamydia*:

- Dawaa dooktoraan akka ajajametti fudhachuu (*doxycycline* akka malee fayyadamuu *Chlamydia* hin fayyisu)
- Manatti dawaa ofiin fudhachuun hin fayyisu
- Namootni quunnamtii saalaa waliin godhan hundi wal-faana yaalamuu qabu

HUBADDHU: Nammi dhukkubichaan qabamee fayye deebi'ee qabamuu ni danda'a.

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY; www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)
www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,
STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; www.cdc.gov

Odeeffannoo STD

Chancroid - Oro

Murmuraa

(baakteeriyaa *Haemophilus ducreyi* jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'atni Murmuraa:

- Quunnamtii booda guyyaa 4-10 itti mul'ata
- Madaa naannoo qaama saalaa yammuu malaastu nama dhukkuba
- Madaan-muddiin dhiita'ee nama dhukkuba

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Murmuraan haala armaan gadiitiin daddarba:

- Wal quunnamtii saalaa
- Karaa afaaniin luuguu
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu
- Naannoo madaa'e sanatti gogaan yoo waliitti bu'e

XAAXAWWAN/BOODDEE

Murmuraan yoo yaalamuu baate:

- Hiddaafi gogaa meeshaa dhiiraa irraa nyaatee fixa
- Madaan banamee ta'uu sun *jarmii* biroodhan lakkafamuu ni mala

ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa murmuraa xiqqeessuuf fayyadan:

- Yoo *latex kondomiidhaan* aguugame iyyuu madaan naannoo qaama saalaatti dhalachuu ni danda'a. Akkasumas naannoo hin aguugamnetti dhalachuu ni danda'a. *Latex kondomiitti* sirriitti maa'ii yoo ba'ame daddarbiinsa murmuraa xiqqeessuu ni danda'a
- Quunnamtii saalaa yammuu gootu yeroo hundaa *latex koondomiitti* fayyadami
- Luuga afaaniin quunnamtii yoo goote *latex kondomiitti* fayyadami
- Dhagna dubartii yookaa hudduu arraabuun quunnamtii yoo goote *latexti* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn *koondomii* lamatti kutiiti)

- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin gootuu xinneessi
- Yoo qabamuu kee shakkite dooktora bira ykn dhiyeessitoota *meedikaalaa* biroo bira dhaqiitii ilaalami.
- Yoo qabamte namoota quunnamtii saalaa waliin gootu hunda beeksisi
- Namootnii sii waliin quunnamtii saalaa godhan hundi ilaalamanii yaalii argachuu qabu

DAWAA/YAALA

Dawaa murmuraa:

- Murmuraan dawaa qaba
- Dawaa dooktoraan ajajame barbaachisa
- Namootni quunnamtii saalaa godhan hundi waliin yaalii argachuu qabu

HUBADDHU: Nammi al-tokko qabamee fayyee deebi'es qabamuu ni danda'a.

ODEEFFANNO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESSOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section

Minnesota Department of Health

P.O. Box 64975

St. Paul, MN 55164-0975

(651) 201-5414; (651) 201-5767 TTY;

www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa (Minnesota
Family Planning and STD Hotline)

1-800-783-2287 Sagalee/TTY;

(651) 645-9360 (Magaalaa)

www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,
STD tiifi AIDS

(CDC National STD and AIDS Hotlines)

1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY;

www.cdc.gov